HINBAADHU !!!

Hinbaadhu maqaa Oromaa kankoo miti durattuu
Wanti aadaakoon alaa qileetti haadarbatamtuu

Maqaan abbootiikootii kan duudhaakoo ganamaa
Yoon gulummeeffadhe maaliif narraa jibbamaa?

Fayyiseefi fayyisaan maqichi kabajamaa
Adaaneef Adaanechiin maaliif bakka buufamaa?

Daraaraafi Daraatuun maqaa keenya mitiiree?
'Abbebeefi Abebaayee' hidhaa maalii nutti hidhee?

Waaqumaan maal taanaani 'Gabreigzaaber' jedhame
Dhiibbaan fedhaatiin alaa nurratti maa fe'ame

Cunqursaa darbe sana isa bara Nafxanyaa
Tokkummaan walii gallaan ofirraa achi darbanna

Mammaaksasaan Oromoon yommutti dhugeeffatuu
Maqaa gabaa keessatti badde gabumatti deeffatu

Maqaa keessaan ibsamaa eenyummaan saba tokkoo
Ta'uu baannaan jireenyi walakkaadha gartokkoo

Guutuu ta'uuf akkasii maqaadhaan boona sabni
Ta'uu baannaan garbadha kan dhiitani bulchani

Warri of ta'uu dadhabee yeroo hundaa sossodaatu
Halagaan itti kolfa firris iddoo isaa hinlaatu

Kanaafuu hinta'u lakkii maqumti abashootaa
Kan Isiraa'elis ta'ee hinfenu Arabootaa

Yoo gama Sanyiin ta'e nuti Oromoo mitiiree?
Maqaa maaf ergifanna keenya isaanii gadiiree?

Kemaal Jemaal maaliifi Caalchisaan maal ta'eetu
Oromiyaan maal taanaan maqadhaan gama ceetuu

Isiraa'eel Yaa'iqoob maal maqaan Ibirootaa
Nuti Oromoodha malee mitiimi Isiraa'elootaa

Dibooraafi Asteeriin hinbeeku sanyiin keenyaa
Laliseef Boontuu qabnaa maal barbaacha achi deemnaa

Zaliiqaafi Jamilaan lakkisaa keenya miti
Achuma nuuf deebisaa haadeebi'uu gamatti

'Bellexee Belexechii' kun ammoo eessaa ba'ee
Caalaaf Caaltuun maal taanaan akka kana doofa'ee

'Gebre Maariyaam, Gabre Kiristoos' Walatta maaryaami'
Kun martuu nunlaallatuu dafaa dachaasaa lammii

Nutisoo maqaa qabnaa maqaa gurratti tolu
Aadaa sabichaa ibsuuf hundumtuu wal hincaalu

Gaaf tokko Waraabuutu akkas jedhee dubbate
Kan garaa malee maqaa, akka hindhibnee hubatee

Garaasaaf kan bitamu waraabuun okkolaani
Kan maqaa giroo hinqabu raqasaa argannaani

Ilmi namaa akkas miti sammuu ittiin yaadu qaba
Xiinxalee buusee baasee nilaata murtii jabaa

Maqaa baduu mannaa mataa dhabuu wayyaa
Inni kan keenya hintaane boolla haabu'u hallayyaa

Maqaan Oromoodhaafii haaloo baafannaa miti
'Gizaachew 'Adifires' homaa nuttii hinqabuuti

Oromoon maqaasaatiin hawwii qabu ibsata
Sirna aammachiisaa qaba aadaasaa kunuunfata

Malee Oromokoo durii gabroomee hinjiraanne
Eenyuummaaf sabboonummaa abashootaaf hinlaanne

Oromoon har'a jiru akkas jechuudha qabna
Maqaa nu hinilaallanne ofirraa kunnee ganna

Maafan baadha itti eelee maqaa nan ilaalanne
Hundeef sanyiikoo faana isa wal hinsimanne

Maaf jedhanii nawaamuu Misgaanuufi Taaddasaa
Maaliif narratti jibbu Beekaniifi Fayyisaa

Maal ta'e maqaan kankoo maqaan hundee ganamaa
Maafan wajjin siqiqa kan ormaatiif naagama

Tarfaasafi Araarsaan maal ta'e yaa jarakoo
Laliseefi Hanbiseen keenya mitimoo obbookoo

Maarree maaltu taanaani heerri ganamaa maqe
Diinni karuma kamiin sum'iisaa nutti naqe?

Kan qabnu cimaa ture sirna Gadaa guddichaa
Kan keessaa burqee hindhumne falaasamni sabichaa

Maaltu dhufnaan ergisaaf kan ormaa laaqaa turre
Gowwoomsaan jaarraa olii ammammoo nun ga'uuree?

Booranaaf warri Gujii warri Raayyaaf Kamisee
Daguuggaa sum'ii jaraa maaltu isinitti hambisee

Warri Maccaaf Tuulamaa Warra Baaleef Harargee
Ormi maqaaf duudhaasaa maaliif sinirra naqee?

Jimmaaf Iluu Abbaa Booraa warri Leeqaa Naqamtee
Amboon biyya goototaa Ormi akkamiin sin laaqxee?

Warri Arsiif Harargee lammiinkoo Shaashamannee
Maqaa warra Yooqixaan maaliif ofirraa hinkaasnee?

Ijoolleen Dambiidoolloo, Begii Qarqara lafaa
Ijoolleen Gimbii keenyaa Nafxanyaan maa sibalfaa?

Sabboontota Adaamaa Bishooftuuf laga Xaafoo
Yaa Ijoollee Gullallee warreen hinqabne laafoo

Uummanni Oromookootii guutummaan biyya lafaa
Harcaatuun maqaa Ormaa maalumaafuu nutti hafaa?

Sanyiin sanyiiwwan keenyaa waan gaarii dhaaluu qabu
Sanyiin gosa addaaddaa maalumaafuu walmakuu

Maqaan keenya boonsaadhaa, aadaan keenyas akkasi
Gonkumaa hin ergifannuu hiree qabnaam nutisii

Maqaa ormaa akka hinbaanne waadaa waliif haaseennu
Utuu hundumaa qabnuu gola Ormaa dhaquu hinqabnuu

Maqaan Ormaa ormuma kanaaf ofirraa gataa
Kunumtuu salphaa miti qabsoo keenya achi buta

Hinjedhiin maaloo adaraa maqaan ayyaana hintaatuu
Maqaan maquma naafi hiika biraa naan laatuu

Hinjedhiin adarakee kun jaamummaa guddaadha
Har'a ofirraa gatanii isa darbeef gaabbuudha

Taaddasaa Birruufaa Maammoo Mazammirii
Oromoof qabsaa'anii yoom jijjiirratanii

Akkas jetta taanaanii ati waa tokko beeki
Har'iifi yeros gargar mee ta'uusaa naa qeeqii

Haalli ammaaf yeroosii waldorgomaaree dhiiroo
Warra baay'ee baratan kumootaan qabna qeerroo

Dalaganii darbaniim isaanis akka dansaa
Nurratti lakkisanii imaanaa gurguddaasaa

Nutuu bu'aa isaaniitii ijoolleen ammaa kunii
Afaan keenyaan dubbannee barreessuu danda'uunii

Maqaa ofiin of ta'uun innumtuu qabsoo guddaa
Maqaan waan hinduuneefuu jiraata bara hundaa

Kanaaf lammiinkoo hunduu dammaqaa waldammaqsaa
Maqaa ergisaa sanaa ofirraa achi calaasaa

Gaaf tokko gadi taa'een wanta tokko yaadadhe
Jechoota afaan keenyaa yaadaan taa'een lakkaa'ee

Akka cirracha abbayyaa baay'achuunsaa nadhibee
Xiinxalee buusee baaseen garuu waa tokkon gaabbe

Maqaan jecha erga ta'ee jechi afaan guddisaa
Warreen maqaan abashaa maaf afaankoo quucarsaa

Miliyoona hedduutoo maqaa abashaan waamamaa
Jechoonni Afaan Oromoo karaa kam dagaagfamaa

Yoos diinni Afaan Oromoo ammas Oromoodhakaa
Halagaa miidhee jedhee maafan quba itti qabaa?

Garuu abdiin amma jiru ifaadha fuuldurrisaa
Dhaloonni qubee kuni hubateera hundasaa

egaa...
An karaakoo jedheera hinbaadhu maqaa Ormaa
Har'as ta'ee boriyyuu ani ittumaanaan mormaa

Atis hinbaatiin lakkii sitti haahafu gonkumaa
Kaabas taanu kibbaanis nuti martuu tokkumaa

Hinbaannu waaroo halagaa isa barri itti darbe
Eenyummaa boonsaa qabna gaabbineerra kan darbe..

******//******

©BEEKAN GULUMA ERENA, 2016